Tuulkiitii Qajeelfama Mirkaneessa Talaallii King County

(Jildii Ingiliffaa)

Public Health
Seattle & King County

Qabiyyeen kan qophaa'e, Seattle Metropolitan Chamber of Commerce (Mana Maree Daldaalaa Magaala Siyaatiliini)

1. Seerota Jiran Baraa
2. Ragaa Mirkaneessa Talaallii Fudhachuu Qorannoo Taasisuu Fudhatame
3. Karoora Raawwii Baasuu
4. Hojjattoota fi Maamiltoota waajin Haasa'uu
5. Haalota
6. Mallattoo/Barjaa
7. Risoorsiwwan Argachuu
8. Gaaffilee Yeroo Heddu Gaafataman (FAQs)

Seerota Jiran Baraa

King County Health Order (Qajeelfama Fayyaa Bulchiinsa King) asii cuqaasun dubbisaa. Qajeelfamichi (order) Ingiliffa qofaani. Cuunfan isaa asii gaditti dhiyaatera.

YOOM EEGALA:

Onkoloolessa 25, 2021. Restorantiiwwan mana keessaa, baariwwanii fi manneen dhugaatii (taverns) teessuma 12 gadi qabatan Mudde 6, 2021 eegalu.

EENYU ILAALLATA:

Namoota umurii 12 fi isaa olii Loogin (discrimination) fudhatama hin qabu. Dahaabbileen daldaalaa Sanyii, iddoo irraa dhufan, amantii, koorniyaa, qaama midhamummaa yookin umurii irratti hundaa'un ragaa talaallii fudhachuu mirkaneessu hin gaafatan.

YOOM XUMURAMA:

Guutummaan qajeelfamichaa dhaabbataadhan kan turuu miti. Ji'a jaha hin caalu Onkoloolessa 25, 2021, irraa kaasee qajeelfamni yookin dambiin kun weerarri gara fuulduratti yoo itti fufe, ilaalamuun dheerachuu mala.

EESSATTI HOJIIRRA OOLA:

- Reestorantii fi mana dhugaatii wayinii mana keessatti taasifamu, kutaa sumuda/saampilii biira fi wayinii itti dhandhaman
- Mana aarti fi bashannanaa
- Jiimii fi stuudiyoo cimina qaamaa kanneen akka yoogaa, sirbaa/daansii, maarshaal aartii fa'aa
- akkasumas taatewwan alatti taasifaman kan namoonni 500 ol irratti hirmaatan kanneen akka sagantaalee ispoortii, konsartiiwwan fi agarsiisa garaa garaa
- Sagantaalee mana keessaa kan walitti qabama dhuunfatiif kireeffaman kanneen akka cidhaa fi paartii kan bakka biizinasii qajeelfama kana jalatti akka reestorantii, mana muuziqaa yookin bakka bashannanaatti ilaalamutti taasifame
- Boowuling alleyis

Ragaan Talaallii Fudhachuu yookin Bu’aan Qorannoo Negatiiva Ta’uu Eessatti barbaadama?

Bakka (Kuni tarreeffama (list) hedduudha)) ta’e	Dirqama	Baay’ee gorfama garuu dirqama miti	Dirqama Miti
Baariwaanii fi reestorantiiwwan mana keessatti tajaajila nyaataa laatan	X		
Tiyaatira fiilmii, jiimii fi bakkeewwan sochii qaamaa mana keessatti argaman, konveenshinii yookin wal gahiiwwan mana keessatti taasifaman	X		
Bakkeewwan bashannanaa mana keessatti taasifaman (kanneen akka bowuling alleeyis wiirtulee geemii bashannanaa, dirree kubbaa mana keessa, fi kkf.)	X		
Sagantaalee ispoortii yookin bashannanaa alatti gaggeeffamu kan namoonni 500+ irratti hirmaatan	X		
Sagantaalee, cidha fi paartii dhuunfaa kan bakka biizinasii (kanneen akka galma cidhi itti gaggeeffamu, reestorantii yookin galma/mana muuziqaa)	X		
Sagantaalee, cidhaa fi paartiwwan dhuunfaa kan mana nama dhuunfaa yookin dhaabbata amantiitti gaggeeffaman			X
Nyaata alatti dhiyaatu, nyaata hidhamee qophaa’e (take out), bakka daldaalaa nyaanni itti gurguramu (food courts)			X
Kaafteeriyaa hojjataa yookin mana baruumsaa, sagantaalee ispoortii mana baruumsa giddu galeessa fi mana baruumsa sadarkaa lammaffaa			X
Dhaabbilee amantii		X	
Suuqii		X	
Sagantaa ala daandii irratti qophaa’u, gabaa halkanii, yookin gabaa qotee bultootaa			X

Kan Of-keessatti Hin Hammanne

- Sagantaalee ispoortii dargaggootaa bakkee fi mana keessatti gaggeeffamu kan barattoota mana baruumsa sadarkaa tokkoffaa, mana baruumsa giddu galeessa fi mana baruumsa sadarkaa lammaffaa akkasumas daawwattoota saganticha irratti argaman kan hirmaachise
- Bakkeetti nyaata nyaaata
- Restorantii, mana dhugaatii (taverns), fi baariwwan kanneen akka kaafee, mana kuusaa nyaataa fi mana buna itti dhuganii irraa tajaajila nyaataa fi dhugaatii manatti fudhatanii galan
- Nyaata gamoo kanaan dura tajaajila nyaata mana keessaa hin taane kanneen akka buufata xiyyaaraa, mana nyaataa moolii keessatti argamuu fi kaafteriyaa mana baruumsaa keessatti kennaa ture
- Awwaalcha
- Cidha, kanneen bakkeewwan uummanni itti wal gahan kanaa oliitin alatti. Haa ta'u malee, talaallii fudhachuu yookin qorannoo COVID-19 negatiiva ta'uu ragaan agarsiisu dhiyeessun baay'ee gorfama.
- Walitti qabama bakka amantii, mana keessa bakkeewwan uummanni itti wal gahu kanneen armaan olitti ibsamaniin alatti. Haa ta'u malee, talaallii fudhachuu yookin qorannoo COVID-19 negatiiva ta'uu ragaan agarsiisu dhiyeessun baay'ee gorfama.
- Buufataalee filannoo Boordii Filannoo King County dhaan dhorkaman, bakka kamittuu kan gaggeeffame.

Talaallii Guutuu Kan Fudhate

"Talaallii guutuu kan fudhate" jechuun:

- *Namni tokko talaallii COVID-19 Food and Drug Administration (FDA, Bulchiinsa Nyaata fi Qorichaatin) mirkanaa'e (Moderna yookin Pfizer-BioNTech doozii lama, yookin Johnson & Johnson doozii tokko) marsaalee barbaachisan hunda yoo fudhateedha)*
- *Marsaalee talaallii COVID-19 World Health Organization (WHO, Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa) tin mirkanaa'an, fi erga doozii dhumaa fudhatanii boda guyyaan 14 darbuu qaba."*

Ragaa Talaallii Fudhatama Qabu

Ragaa Talaallii Fudhatama Qabu

Suura Kaardii Talaallii

Kaardii Talaallii



Dhiyeessaa talaallii yookin MyIRmobile.com galmee piriint ta'e

Galmee MyIRMobile.com yookin appilikeeshinii biroo irraa



Ragaa Bu’aan Qorannoo Negatiiva Ta’uu Agarsiisu

Ragaa Bu’aan Qorannoo Negatiiva Ta’uu Agarsiisu Ta’uu

- Bakkeewwan armaan gadii irraa dookumentii piriint yookin dijitaalaa
  - argadhaa: Faarmasii
  - Dhiyessaa
  - Qorannoo Laaboraatoorii
- Qorannoo PCR, FDA dhan mirkanaa’e kan sa’aatii 72 gidduutti fudhatame
- Qorannoo hatattamaa FDA dhaan mirkanaa’e fi bakka qorannichaatti dhiyeessadhaan taasifame



Qorannoo COVID negatiiva ta’e kan sa’aatii 72 darbe keessa fudhatame



Karoora Raawwii Baasuu

Public Health
Seattle & King County

Tokkoon tokkoo daldala bifa garaa garaan hojjata, garuu poolisii haaraa kana sirnaan hojiirra oolchuf dursanii karoorsun barbaachisaadha.

- [ ] Walgahii hojjattoota fi leenjii barbaachisaadhaf guyyaa fi sa'aatii adda baasaa.
- [ ] Daldala keessan Qajeelfama King County akka hojiirra oolchu kan agarsiisu barjaa (signage) fannisaa.
- [ ] Sa'aatii sirrii itti maamiltoonni ragaa akka dhiyeessaniif gaafatamuu qaban hojjattoota keessan waliin haasa'aa qaban.
- [ ] Bakkichi tajaajila qorannoo hatattamaa laata yoo ta'e, adeemsa isaa lafa kaa'un adeemsicha hojjattootti himaa.
- [ ] Hojjattoonni ragaa talaallii fudhachuu mirkaneessuu, qorannoo COVID-19 taasisuu fi dambiiwwan farra loogii ittisan sirriitti hubachuu isaanii mirkaneeffachuuf leenjiwwan garaa garaa kennaaf.
- [ ] Talk through potential scenarios with employees (see ideas in "Scenarios" section).



Hojjattoota wajjin Haasa’uu

Hojjattoota Leenjisuu

- Sababii jijjiirraa poolisii ibsuu fi gaaffilee ka'an deebisuuf walgahii garee qopheessaa.
- Karooora raawwi fi rosoorsii qoodudhaan miseensota garee hundumaafuu ergaa gabaabaa barreessaa.
- Poostarii/barjaa Qajeelfama King County fi risoorsii hojjataa ofirraa qabu bakka olk'aa mul'atutti fannisaa.
- Hojjattoonni gaaffii akka gaafatan carraa kennaaf
- King County'n mallattolee yookin barjaa akka hubannoo argataniif maamiltootaf qoodamu afaanota garaa garaatin dhiyeessaa jira. Hojjataan hundumtuu risoorsiwwan afaanota garaa garaatin dhiyaatan eessatti akka argaman beekuu qabu. Afaan hundumaafuu tokkoo tokkoo isaa laaminet (laminate) gochuu yaalaa.

KC Vax Verified Webinar (Weebinarii Talaallii KC Mirkanaa'e)

Weebinarichi kan taasifami Ingiliffa qofaani

Maamiltooataa waliin Haasa’uu

Tarkaanfiwwan kunneen MAALIF akka hojiirra oolan beekun hojjattootafis ta’e maamiltoota barbaachisaadha. Ergaawwan hojjattoota fi maamiltoota keessaniif akka qooddanif gaarii ta’an kunooti.

MAALIF

- Akka hawaasa daldalaatti, guddinaa fi milkaa’ina keenya kan mirkaneessu daldala itti fufsiisuf, hojjattoota, maamiltoota fi hawaasa eeguf duubatti hin jennu.
- Keeziwwan COVID-19 dhiyeenya babala’ate ilaalchisee, hawaasa keenya eeguf namoonni talaallii fudhachuu isaanii yookin bu’aa qorannoo COVID-19 negatiiva ta’uu isaa bakka sagantaalee fi dhaabbilee (establishments) tti ragaa akka dhiyeessan King County’n qajeelfama baasee jira.
- King County’n mootummaa Kaawuntiitin utubamee hojjattoota fi maamiltoota ittisuuf ragaa talaallii fudhachuu akka ulaagatti baasee jira.
- Itti gaafatamummaan keenya dhaabbileen daldaalaa banaa gochaa hawaasa keenyaaf naannoo mijataa fi naga qabeessa ta’e uumudha. Kana gochuuf ammoo talaallii fudhachuu namootaa adda baasun mala baay’ee filatamaadha.

Haalota

Ulaagaa mirkaneessa ragaa talaallii fudhachuu King County jechuun namoonni umurii 12 fi isaa olii ragaa talaallii COVID-19 fudhachuu yookin bu'aa qorannoo negaativa dhiyeessuu qabu jechuudha. Haa ta'u malee yeroo barbaachisaa ta'etti daldalawwan filannoo dhiyeessuu danda'u. Filannoowwan kunneen ka of keessatti hammatu:

- Maamiltoota ala teessisuu
- Naannolee tajaajila nyaata bakkeetti dhiyeessan wajjin
- maamiltoota wal qunnamsiisuu
- Tajaajila jiimii alatti dhiyeessuu
- Risoorsiwwan karaa marsaa intarneetii (virtual) jiran maamiltootatti agarsiisuu

Yaadadhaa, dhaabbanni daldaalaa tokko qaama miidhamummaa nama kamiyyuu gafachuu yookin maamilli maalif talaallii akka hin fudhanne kan ibsame qorachuu hin danda'u. Akkasumas dhaabbileen daldaalaa maamiltoota sanyii, bifa, achii as dhufa (ancestary), lamummaa isaanii jalqabaa, bakka dhalootaa, saala, umurii, amantii, ilaalchaa (creed), koorniyaa, ulfaatina qaamaa yookin dheerina irratti hundaa'un keessummeessuu hin qaban.

Maamila qajeelfama jiru hojiirra oolchuu yoo dide, dhaabbileen daldaalaa TASUMAA walitii bu'iinsaa qaamaa kessa galuu hin qaban. Haalota itti namaan walitti dubbachuun (possible interactios) kan isaan gargaaru dhaabbileen daldaalaa kanaa gadii argachuu danda'u.

- Maamiltoonni sababa rakkoo fayyaa cimaa qabaniif yookin qaama miidhamoo ta'aniif talaallii hin fudhadhu yoo jedhan
  - Daldalawwan akka filannootti ragaa qorannoo COVID-19 negatiiva ta'e gaafachuu danda'u. Kuni qorannoo hatattamaa bakkichumatti taasifamu yookin qorannoo PCR gaafachuu danda'u. Qorannoon manatti taasifamu fudhatama hin qabu.
  - Maamilli bu'aa qorannoo COVID-19 negatiiva ta'e hin qabu yoo ta'e yookin dhiyessuu yoo dide, daldalawwan tajaajila alatti kennamu, nyaata alatti dhiyaatu yookin tajaajila manatti geessuu dhiyeessuu dana'u, yoo jira ta'e jechuudha.

- Maamilli ragaa mirkaneessa talaallii yookin bu'aa qorannoo COVID-19 negatiiva ta'uu agasriisu dhiyeessuu yoo dide
  - Dhaabbileen daldaalaa kuni qajeelfama King County akka ta'ee fi kana hin eegne taanan dhaabbatichi tajaajila mana keessaa laachufii akka hin dandeenye ibsuufii qabu.
  - Dhaabbileen daldaalaa filannoowwan akka alatti tajaajiluu yookin nyaata fudhatanii deeman fa'aa dhiyeessuu ni danda'u.
  - Dhaabbileen daldaalaa qajeelfama kana hojiirra oolchuf waan danda'an hunda gochuu qabu, amala maamiltoonni agarsiisaniif garuu itti gaafatamaa hin ta'an.

- Mammiltoonni yoo nama sodaachisan yookin humna fayyadaman
  - Maamilichi bakkicha gadhi dhiisee akka deemu gaafadhaa. Deebistanii ittiin hin lolinaa yookin hin sodaachisinaa. Odeeffannoo dabalataa waa'ee nama nama sodaachisuu Crisis Prevention Institute (Dhaabbata Ittisa Rakkoo) irraa argachuun ni danda'ama.
  - 911 tti bilbiluun 206-477-3977 irratti King County dhaf gabaasaa. Hojjattooni deebii hatattamaa kennan maamiltoota nama rakkisanii fi humna fayyadaman qofaaf waamamuu qabu, kuni ammoo dambii mirkaneessa raga hojiirra oolchuf isaan waamun sirrii miti.

- Namoonni qorannoo COVID hatattamaa manatti yoo taasisan
  - Akka qajeelfama kanaatti, qorannoon manatti taasifamu fudhatama hin qabu. Qorannoon hatattamaa taasifamu bakka itti taasisan (on site) yookin ogeeyyii fayyaatin kan PCR dhan taasifame ta'uu qaba.
  - Namoonni kunneen filannoon tajaajila alaa kennamuufii danda'a.

- Namoonni ragaa talaallii fudhachuu agasriisu yoo qabne yookin ragaa bu'aa qorannoo COVID-19 negatiiva ta'uu agarsiisu yoo hin dhiyeessine, garuu immoo mana keessatti (indoors) maaskii godhachuu yoo waadaa seenan
  - Maaskii godhachuun akkomodeeshinii miti. Dhaabbileen daldaalaa maamiltoota kanaaf filannoo amansiisaa tajaajila alatti kennamu yookin tajaajilamanii akka deeman gochuu dhiyeessuu ni danda'u.

- Namoonni sababan homaa nyaachuu yookin dhuguu hin barbaannef ragaa talaallii dhiyeessun nu hin barbaachisu jedhan
    - Qajeelfamni kun namoota umurii 12 fi isaa olii hundumaa irratti bakka dangeffamee fi sagantaatti hojirra oola. Namni kun ragaa talaallii fudhachuu, ragaa bu'aa qorannoo COVID-19 negatiiva ta'uu agarsiisuu qaba yookin tajaajilli alatti kennamu dhiyaachufii qaba

- Dahaabbileen daldaalaa maamilli ragaa talaallii fudhachuu yookin ragaa bu'aa qorannoo COVID-19 negatiiva ta'uu agarsiisu kan sobaa dhiyeessuu yoo shakkan.
    - Qajeelfamni kun amanamummaa (trust) irratti kan hundaa'edha. Dahaabbileen daldaalaa hanga danda'anitti wantoota akkasii irraa of qusachuun amanamuummaan hojjachuu qabbu.

- Maamiloota deddeebi'an kan yeroo darbe ragaa mirkaneessaa dhiyeessanii turan yeroo dhufan hunda akka agarsiisan gaafadhaa
    - Maamiltoonni yeroo dhufan hunda ragaa talaallii fudhachuu yookiin ragaa bu'aa qorannoo COVID-19 negatiiva ta'uu agarsiisu agarsiisuu qabu.



Mallattoo/Barjaa

Mallattoolee/barjaa Ingiliffaa qofaatu asitti

- ***argama: 8x11 Mallattoo***
- ***11x17 Mallattoo***

Risoorsiwwan Argachuu

- **King County Health Order Qajeelfama Seera**

- **King County Public Health (Fayyaa Hawaasaa King County) FAQs**

- **Seattle Metro Chamber (Mana Maree Magaalaa Siyaatil) – Risoorsiiwan Daldaalaa**
  - **KCVaxVerified.com**

- **Mallattoo Daldaalaa Ingiliffa**
  - **Qofaa**
    8x11 Mallattoo
  - **11x17 Mallattoo**

- **Qajeelcha Leenjii Hojjataa**

- **Namoota Ingiliffi Rakkisuuf Madda Risoorsii:**
  - Amaariffa: 206-825-4240
  - Arabiffa: 206-486-2669
  - Kooriyaa: 425-776-2400
  - Somaaliffa 253-317-3251
  - Ispaanish: 888-502-9597
  - Tigriffa: 206-486-2669
  - Wiirtuu Odeeffannoo Mandariini & Kantaanos
    - Namoota umurii 55 olii: 206-816-4991
    - Namoota umurii 55 gadii: 206-330-4627

Gaaffilee Yeroo Heddu Gaafataman

Daawwadhaa: kcvaxverified.com/faq